

KOOTTAA ! GAMA RABBII KENYAA HAA DEEBINUU,

OSOO BALBALTI NUTTI HIN CUFAMIN !"

"Jalqabnii Dubbii Maqaa Rabbii Rahmata Qabuuti"

Nagayaa Fi Rahmanni Nabii kenyaa fi Maatii isaa,Sahaaboota isaa akkasumaa Warra isa jaala Deeme hundarratti Ha jiraatu"

Rabbiin Qur'aana keessatti akkana jedha:



﴿وَتُوبُوا إِلَى اللَّهِ جَمِيعًا أَيُّهَا الْمُؤْمِنُونَ لَعَلَّكُمْ تُفْلِحُونَ ﴿٣١﴾ النور ٣٢

" Hundi kessanuu gama Rabbii keessanii Deebi'aa,! Milkaa'oo akka taataniif "

{Suuratu Nnuur -31}

﴿يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا تُوبُوا إِلَى اللَّهِ تَوْبَةً نَصُوحًا
﴿٨﴾ سورة التحريم٨

" Yaa Warra Amaane Rabbii keessan araarama gaafadhaa, gama Isaatis (qulqulinaan) Deebi'aa"

{Suuratu Ttahriim}

Taawbaa:- Jechi jedhu kun afaan Arabaatin "Deebi'uu" hogguu tahu,

hiikkaa Islaamaatiin ammoo "Namni Tokko waan Rabbi isa dhoorgee irraa of eegee, gara inni ajaajetti deebi'uu" jechuudha.

Dafanii taawbaa gochuun dirqama. Cubbuu irratti kufuun mataa isaatti rakkoo hin qabaatu, kun haaluma ilma namaati.

Nabiyyiin (صلى الله عليه وسلم) akkana jedhu:-

"كل ابن آدم خطاء، وخير الخطّائين التوّابون"

"Ilmi Aadam hundi dogoggoraa dha, irra caalan namaa dogongoruu ammoo isaannan tawbatani." Jedhan (Tirmiizii).



Sheeyxaanni ilma namaa kuffisuuf dilii dalaysiisuf sakaallaa heddu qopheessee jira. Kanaaf Muslimni tokko guyyuun of eeguu isarra jira.

Cubbuun bakka lamatti qoodama.

1)Cubbuu Gurguddaa- kuni waan duniyaa keessatti adabni(haddiin) isaanii murtaa'e, kan Aakhiratti wanti ittiin qixaaxaman (wa'idiin) isaanii ibsamee fi dallansuun, abaarsi ykn iimaana dhabummaan isaanii addeeffame.

2) Cubbuu Xixiqqaa- Isaan cubbuu gurguddaa hin ta'in hunda qabata.

Sababaawwan cubbuun xixiqqaan gara dilii gurguddaatti jijjiiramuun kheeysaa dilii xixiqqaa irra turuu, ykn deddeebisanii hojjechuu, ykn tuffachuu, isii hojjachutti dhaaduu,ifa baasanii hojjachuu fa'aa dha.

TAAWBAAN:- Warra Rabbitti amaane hundaaf barbaachisaadha.

Baraata tahi, Tujjaras tahi Rakkatas tahi,Daa'iis tahii,Aalimaas tahi,

Hafizal Qura'anis tahi Hunda nama amaanee hundaaf barbaachisaadha.

akkasumas jaalala Rabbii ti fi Gammachuu isaatis siif idaati.

Mindaan nama tawbatuu yoo taawbaan isaa dhugaa taye, hamtuun isaa toltutti jijjiiramuu dha, odoo baay'inni isaa (hamtuu isaa) hoomacha galaanallee ta'ee. Rabbiin (s.w) Suura Baqaraa keyssatti akkana jedha:-

﴿إِنَّ اللَّهَ يُحِبُّ التَّوَّابِينَ وَيُحِبُّ الْمُتَطَهِّرِينَ ﴿٢٢٢﴾
البقرة ٢٢٢

"Rabbiin isaannan Dilii isaanii irraa (taawbatan)deebi'anii fi of qulqullessan haalan jaalata"

Dilii hundarraa ammoo yeroo kamuu tawbachuun barbaachisaa dha.

Abuu Hureeyraan (r.a.) gabaasa isaan odeyssan keessaa kan itti aanu kana Rasuulli Rabbii (salawaatu Rabbii,Wasalaamuhu aleyhii) isaani Dubbatuun dhagahee jedha.

"والله إني لأستغفر الله وأتوب إليه في اليوم أكثر
من سبعين مرة" رواه البخاري

"Ani guyyatti si'a 70 ol Rabbii kiyya araarama (Istigfaara) gaafadha, gama isaatis Deebi'a"jedhan.



{~Bukhaariitu odeesse}

Subhana Allaah obbaleyyan! Rassullii Rabbii (s.a.w) Isaa Kan Diliin isa tan duraati fi tan boodaa Dhifaamteef, Irra caalaa Namaa kan tahe, Kan balballiin Samii 7nuu banaamteef guyyatti si'a 70 ol Araarama yo gaafatan,

Anaa fi Ati hoo? Guyyatti hogguu meeqa araarama Rabbii gaafannee gama isaa deebina?

Taawbaan hanga aduun dhihaa isii irraan baatutti, ykn lubbuun sakraa du'aa keessa galtee kokkee geessutti ni jiraata.

Taawbaan fudhatama argachuuf ulaagaalee guutamuu qabantu jira:-

1)Cubbuu sanarraa of qabuu, irraa buqqa'uu ykn fagaachuu

2) Cubbuu hojjatame irratti gaabbuu(Badii daleeyneef sheenawuu)

3) Fuul-duratti itti deebi'uu dhabuuf kutachuu/murachuu,

4) Yoo haqa uumamaa (ilma namaa) taate Miidhaa, qabeenya, arraba waan akkasii nama san dhiifama gaafachuu ykn ifirraa kafaluu, haqa sana ab-bichaaf deebisuun dirqama ta'a.

Farshoo dhugaa ykn habbuqachaa Taawbaan hin jirtu. Dura badii sanirraa fagaachuu barbaachisa.

Zinaa godhaa ykn beellama zinaa godhuuf qabachaa Taawbaan hin jirtu.

Dura Zinaa ykn badii san dhiifteeti irraa taawbatta.



Abshir-Gammadi yaa nama towbatu hoo! Allaah dilii hundaa xixiqqaa fi gu-guddaallee namaa dhiisa. Nabiyyichi ﷺ akkana jedhan:-

" التّائِبُ مِنَ الذّنْبِ كَمَنْ لَا ذَنْبَ لَهُ "

"Namni dilii/cubbuu takkarraa deebi'u akka waan dilii hin qabneeti"

Ammas akkana jedhu:-

عن أبي موسى الاشعري رضي اللّٰه عنه قال : قال رسول ﷺ : "إن اللّٰه يبسط يده بالليل ليتوب مسيء النهار، ويبسط يده بالنهار ليتوب مسيء الليل، حتى تطلع الشمس من مغربها" .

"Rabbiin halkan harka Isaa ballisa/ diriirsa nama guyyaa baditti ooleef towbaa godhuuf, guyyaallee harka Isaa ni ballisa warra halkan baditti buleef towbaa godhuuf hanga aduun seensa isiitiin baatuutti." Sahiiha Mus-lim.

Mallattoolee Tawbataa

Ulamaa'in akkana jedhan: Tawbaan gabrichaa tokkoo waa Afuriin beekam-ti.

1)Arraba isaa hamatuu irraa, kijibuu irraa akkasuma waan hin barbaachis-ne haasayuu irraa yoo of qabuun.

2)Nama tokkoofuu jibbaa fi waan-yoo kan hin qabaanneef tayuu

3)Hiriyoota babbadoo irraa adda bahuu

4)Nama du'aaf qophaawe tayuu, nadaamayuun (seenayuu)dilii duraan hojjateef Istigfaara heddummeeysuu fi Ibaadaa Rabbii irratti kan jabaatu tayuuni.



Wantoota taawbarratti gara Rabbii ol taheetitti fedhii Rabbiitin nama gar-gaaran:

1) Salaata Shanan waqtiin Masji-datti salaatuu aadaa godhachuu

2) Namoota gaggaarii hiriyaa godhachuu



3) Sunnaawwan akka Salaata witrii, Salaata duhaa, Sunnaawwan salaata boodaf duraa, Zikriiwwan sa-laata booda fi yeroo hirrabaa faa je-chuu aadaa godhachuu.

4) Yeroo mara wuduu'an turuu aadaa godhachuu

5) Dhageettii Muuziqaa irraa fagaachuu kunis qalbii Qur'aana dhagahuu irraa waan goysuuf.

6) Beekumsa Diinii barbaaduu fi kitaabota seenaa namoota taawbata-nii dubbisuu.

7) Toltutti nama ajajuu fi waan badarraa nama dhoorguu

8) Taawbaaf Rabbiin kadhachuu

9) Cubbuu fi fedhii lubbuu ofii ir-raa obsuun nafsee ofii hidhuu

10) Du'aa fi waqtii sakraa yaada-chuu, of yaadachiisuu.

Yaa Rabbi badii teenya ta dhoysaa fii dirree baafnee daleeyne hunda nuuf araarami jennee gama Rabbii towbaa haa goonu.

Rabbi nu haa qajeelchu.






7مليارات نسمة هم سكان العالم
اليوم (هل كنت سبباً في إسلام أحدهم؟)

الحساب العام لدى مصرف الراجحي
SA 21 8000 0251 6080 1007 5881
حساب الوقف لدى مصرف الراجحي
SA13 8000 0251 6080 1017 7778
الحساب العام لدى بنك البلاد
SA13 1500 0999 1142 5508 0005
الحساب العام لدى بنك سامبا
SA98 4000 0000 0099 0724 3310

مكتب الدعوة والإرشاد بالمعذر وأم الحمام
هاتف: 4884496 جوال: 0554455643
فاكس: 4827489 ص.ب 31021 الرياض 11497

موقع المكتب على خرائط Google




# التوبة
# طريقك إلى الجنّة

بالللغة الإثيوبية ( أورومو )

# TAWBAA
## karaa kee kan gara Jannataa

Qopheessaan: Abdulmannaan Manzaa

إعداد: الداعية/ عبد المنان منزا دام

www.theda3wa.com